

Waggaa 24^{ffaa} Lak.6/2008
 ጽዕኖ ዓመት..... ቁጥር.....፮/፪ሺ፰
 24thyear No. 6/2016



Finfinnee,..... Bitootessa 25, Bara 2008
 ፊንፊኔ፣ መጋቢት ፳፭ ቀን ፪ሺ፰
 Finfine,..... April 3, 2016

MAGALATA OROMIYAA

L μ E p % Z M ē !

MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo Qarshii 10.80 ፲ ረ «፪ ” ብ 10 ብር ት Unit Price Birr 10.80	To’annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe ፲% Z M ፲ ብሔራዊ ፎፍላፕ L ረ · R r በጨፌ ኦሮሚያ ኦፊሽያል ደረጃ	Lak. S. Poostaa 21383-1000 ፪ ዶ. ባ. ፪ 1/4 ሃ 21383-1000 P.O.Box 21383-1000
--	--	--

<u>Labsii Lak. 197 / 2008</u> Labsii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk.71/1995 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 197 / 2008.....Fuula 1	<u>አዋጅ ቁጥር ፻፺፯/፪ሺ፰</u> የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሥነ ምግባርና ፀረ-መስና ኮሚሽን ማቋቋሚያ አዋጅ ፪፩/፲፱፻፺፭ ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፺፯/፪ሺ፰..... ገጽ ፩	<u>Proclamation No. 197/2016</u> A Proclamation to Amend/Revise Oromia National Regional State Ethics and Anti-Corruption Commission Establishment Proclamation No. 71/2003.....page 1
---	--	---

Labsii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk.71/1995 Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Labsii Lak. 197/ 2008

የተሻሻለው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሥነ ምግባርና ፀረ-መስና ኮሚሽን ማቋቋሚያ አዋጅ ፪፩/፲፱፻፺፭ ለማሻሻል የወጣ

A Proclamation to Amend/Revise Oromia National Regional State Ethics and Anti-Corruption Commission Establishment Proclamation No. 71/2003

Dhiibbaa malaammaltummaa fi hojmaati badaa guddina hawaas-diinagdee, bulchiinsa gaarii fi ijaarsa sirna demokiraasii naannichaa irratti fidu ittisuuf qabsoo farra malaammaltummaa irratti taasifamu cimsuun barbaachisaa ta’ee waan argameef;

መስናና ብልሹ አሠራር በክልሉ ማህበራዊ-ኢኮኖሚ፣ መልካም አስተዳደር እና የዲሞክራሲ ሥርዓት ግንባታ ዕድገት ላይ የሚያመጣውን ተፅዕኖ ለመከላከል የፀረ-መስና ትግሉን ማጠናከር አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

Whereas, it has become necessary to strengthen the fight against corruption to prevent the effect of corruption and impropriety on the socio-economic development, good governance and the enhancement of democratic system in the region;

Malaammaltummaa fi hojimaata badaa too’achuu fi ittisuun naamusni gaariin hawaasa keessatti akka dagaaguu fi babal’atu, gochoota malaammaltummaa fi hojimaata badaa manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa

መስናና ብልሹ አሠራርን በመቆጣጠርና በመከላከል በኅብረተሰቡ ውስጥ መልካም ሥነምግባር እንዲፋጠርና እንዲስፋፋ፣ በመንግሥት መሥሪያ ቤቶች፣ በመንግሥት የልማት ድርጅቶች እና በህዝባዊ ድርጅቶች

Whereas, it has become necessary to establish effective transparent and accountable system with a view to prevent corruption and impropriety, to expand and enhance ethical conduct in the society, and to prevent

fi jaarmiyaalee ummataa keessatti mul'atan ittisuu fi too'achuuf sirna iftoominaa fi gaafatamummaa qabu haala bu'a qabeessaa ta'een akka diriiruu fi idilaa'u taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Labsii hundeeffama Komishin-ichaa hojiirra irra jiru fooyyessuun seerota yakkoona malaammaltummaa hojiirra oolchuu fi yakkoona malaammaltummaa jaarmiyaalee ummataa keessatti raawwataman aangoo qorachuu fi himachuu komishinichaaf kennuun barbachisaa ta'ee waan argameef;

Yakkoota malaammaltummaa ilaalchisee sirna ragaan ittiin walitti qabamu, qorannaan itti gaggeeg-gaffamuu fi himannaan itti banamu diriirsuun qabeenyi bu'aa yakka malaammaltummaan argame haala ittiin dhaalamu fi miidhaan dhaqqabe haala itti bakka bu'uu danda'u diriirsuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe Labsii Lak. 46/1994 keewwata 49(3)(a)tiin labsiin kanatti aanu bahee jira.

Kutaa Tokko Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundees-suuf bahe, Lak. 197/2008" jedhammee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuf yoo ta'e malee lab-sii kana keessatti:

ውስጥ የሚታዩ የሙስና ድርጊቶች እና ብልሹ አሠራርን ለመቆጣጠርና ለመከላከል፤ ውጤታማ የሆነ ግልጽነትና ተጠያቂነት ያለው ሥርዓት እንዲዘረጋና መደበኛ አሠራር እንዲሆን ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በሥራ ላይ ያለውን የኮሚሽኑን ማቋቋሚያ አዋጅ በማሻሻል የሙስና ወንጀል ህጎችን ሥራ ላይ በማዋልና በህዝባዊ ድርጅቶች ውስጥ የሚፈፀሙ የሙስና ወንጀሎችን የመመርመርና የመክሰስ ሥልጣን ለኮሚሽኑ መስጠት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

የሙስና ወንጀሎችን አስመልክቶ ማስረጃ የሚሰበሰብበት፣ ምርመራ የሚካሄድበት እና ክስ የሚመሰረትበትን ሥርዓት በመዘርጋት፣ በሙስና ወንጀል የተገኘ ንብረት የሚወረስበትና የደረሰው ጉዳት የሚካካስበትን ሥርዓት መዘርጋት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሻሻሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱ (፫)(ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጧል፡፡

ክፍል አንድ ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ “የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሥነምግባርና ፀረ-ሙስና ኮሚሽንን እንደገና ለማቋቋም የወጣ አዋጅ ቁጥር ፻፲፯/፪ሺ፰ ተብሎ ሊጠራ ይችላል፡፡

፪ ትርጓሜ

በዚህ አዋጅ ውስጥ የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር፤

and control acts of corruption and improprieties Prevailed in public offices, public enterprises and public organizations;

Whereas, it has become necessary to authorize the commission by giving the power to investigate and prosecute corruption offences committed in public organizations by revising the existing ethics and anti corruption commission establishment proclamation.

Whereas, it has become necessary to establish a system of gathering evidences, investigate and prosecute corruption crimes with the view to confiscate properties acquired and reinstate damages sustained through corrupt practices.

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49(3)(a) of the revised Constitution of Oromia National Regional State, it is hereby proclaimed as follows:

Part One General Provisions

1. Short Title

This Proclamation may be cited as “The Oromia National Regional State Ethics and Anti-Corruption Commission Amendment Proclamation No. 197/2016”

2. Definition

In this proclamation, unless the context requires otherwise:

- | | | |
|---|---|---|
| <p>1) “Naannoo” jechuun naannoo Oromiyaati.</p> <p>2) “Mootummaa” jechuun mootummaa Oromiyaa ti.</p> <p>3) “Pirezidaantii” jechuun Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.</p> <p>4) “Komishinii” jechuun Komishinii Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ti.</p> <p>5) “Komishinara fi Itti aantota Komishinaraa” jechuun akkaataa walduraa duubaa isaanitiin Komishinaraa fi Itti aantota Komishinara Komishinichaa jechuu dha.</p> <p>6) “Mana Hojii Mootummaa” jechuun Manneen hojii mootummaa Naannichaa guutummaan guututti yookiin/fi gar-tokkeen baajata mootummaa naannichaatiin bulan yookiin sadarkaa kamittuu hojiiwwan mootummaa naannichaa kamiyyuu kan keessatti raawwatamu jechuu dha.</p> <p>7) “Dhaabbata Misooma Mootummaa” jechuun mootummaan naannichaa ga’ee abbaa qabeenyummaa kan keessaa qabu yookiin guutummaa guutuutti yookiin gar-tokkeen miseensa waldaa aksiyoona kan keessatti ta’e dhaabbata misooma mootummaa yookiin waldaa aksiyoona kamiyyuu jechuu dha.</p> <p>8) “Jaarmiyaalee ummataa” jechuun haalawwan kamiiniyyuu miseensota yookiin ummata irraa maallaqa yookiin qabeenya walitti qabame yookiin tajaajila ummataaf yaadamee maallaqa yookiin qabeenya walitti qabame yookiin qaama qabeenya biroo kana bulchu yookiin kubbaaniyaa roga qabeessa qabu kan dabalatu damee dhuunfaa ta’ee kanneen armaan gadii hin dabalatu.</p> <p>(a) Dhaabbata Amantaa,</p> <p>(b) Dhaabbata yookiin paartii Siyaasaa,</p> <p>(c) Dhaabbata Idil-Addunyaa, fi</p> <p>(d) Afooshaa yookiin haala wal fakkaatuun waldaa qabiyyee aadaa fi amantaa kan qaban.</p> | <p>፩) “ክልል” ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልል ነው።</p> <p>፪) “መንግሥት” ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ነው።</p> <p>፫) “ፕሬዝዳንት” ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት ነው።</p> <p>፬) “ኮሚሽን” ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሥነምግባርና ፀረ-መስና ኮሚሽን ነው።</p> <p>፭) “ኮሚሽነርና ምክትል ኮሚሽነር” ማለት እንደቅደም ተከተላቸው የኮሚሽኑ ኮሚሽነርና ምክትል ኮሚሽነር ነው።</p> <p>፮) “የመንግሥት መሥሪያ ቤት” ማለት ሙሉ በሙሉ ወይም/እና በክፍል በክልሉ መንግሥት በጀት የሚተዳደሩ መሥሪያ ቤቶች ወይም በማንኛውም ደረጃ ያሉ የክልሉ መንግሥት ሥራዎች የሚከናወኑበት ማናቸውም መሥሪያ ቤት ማለት ነው።</p> <p>፯) “የመንግሥት ልማት ድርጅት” ማለት የመንግሥት የባለቤትነት ድርሻ በሙሉ ወይም በክፍል ያለበት የክልል መንግሥት የልማት ድርጅት ወይም የአክሲዮን ማህበር ነው።</p> <p>፰) “ህዝባዊ ድርጅቶች” ማለት በማንኛውም አግባብ ከአባላት ወይም ከህዝብ የተሰበሰበ ወይም ለህዝባዊ አገልግሎት ታስቦ የተሰበሰበ ገንዘብ፤ ንብረት ወይም ሌላ ሀብትን የሚያስተዳድር አካልንና አግባብነት ያለው ኩባንያን የሚያካትት የግል ዘርፍ ሲሆን፤ የሚከተሉትን አያካትትም፡</p> <p>ሀ) የሃይማኖት ድርጅትን፤</p> <p>ለ) የፖለቲካ ድርጅትን ወይም ፓርቲን፤</p> <p>ሐ) የዓለም አቀፍ ድርጅትን፤ እና</p> <p>መ) ዕድርን ወይም ተመሳሳይ ባህላዊ ወይም ሃይማኖታዊ ይዘት ያለው ማህበርን።</p> | <p>1) “Region” shall mean Oromia National Regional State.</p> <p>2) “Government” means Oromia National Regional State government</p> <p>3) “President” shall mean the President of Oromia National Regional State.</p> <p>4) “Commission” shall mean the Oromia National Regional State Ethics and Anti-Corruption Commission.</p> <p>5) “Commissioner and Deputy Commissioner” shall mean the Commissioner and deputy commissioner of the Commission respectively.</p> <p>6) “Public Office” shall mean any office of the region the budget of which is fully or partially allocated by regional government or at any level in which any government activity is performed.</p> <p>7) “Public Enterprise” shall mean any Public Enterprise or Share Company in which the regional government has ownership share or is fully or partially be a member.</p> <p>8) “Public Organization” shall mean private sector which in whatever way administers money or property or any other resource collected from members or public or money property collected for the benefit of the public or other body which administer these property or which includes appropriate company and it shall not include the following:</p> <p>a) Religious Organization;</p> <p>b) Political party or organization;</p> <p>c) International organization; and</p> <p>d) Edir or other similar associations having cultural or religious objective.</p> |
|---|---|---|

- 9) “Kubbaaniyyaa Roga Qabeessa” jechuun kubbaaniyyaa dhuunfaa itti gaafatamummaan isaa murtaa’e kamiyyuu ta’ee buusii aksiyoonaa jaar miyaa uummataatiin taasifamuun kan hundeeffamee fi dhaabbata jooyint veencherii fi sheer kaampaanii, akkasumas dhaabbilee kan biroo dhaabbilee kana waliin waldaa shariikummaa kan hundeesan ni dabalata.
- 10) “Yaa’ii Waliigalaa” jechuun yaa’ii waliigalaa Gamtaa Farra Maalamaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa jechuu dha.
- 11) “Abbaa Taayitaa” jechuun mana hojii Mootummaa yookiin Dhaabbata Misoomaa Mootummaa Naannichaa keessatti nama muudame, miseensa Caffee Naannichaa yookiin Mana Maree Aanaa yookiin Magaalaa ta’uun ummataa kan filatame yookiin muudamaa kamiyyuu sadarkaa hunda irra jiru, yookiin jaar miyaalee ummataa keessatti ittigaafatamummaan yookiin miseensa boordii yookiin gaggeessummaan muudamee yookiin ramadamee yookiin filatamee kan hojjatu jechuu dha.
- 12) “Muudamaa” jechuun sadarkaa Naannoo, Godina, Aanaa, Bulchiinsa Magaalaa, fi Gandaatti, akkasumas akkaataa caaseeffama Manneen hojii mootummichaa yookiin dhaabbata misoomaa yookiin jaar miyaalee uummataatiin akkaataa seeraa yookiin dambii ittiin bulmaataa mana hojichaa, dhaabbatichaa yookiin jaar miyichaattii fi naamusni ogummaan hojichaa ajajutti haala kaminiyyuu muudamee yookiin filatamee yookiin ramadamee mana hojii yookiin dhaabbata misoomaa yookiin jaar miyaa ummataa kan hooggaanu yookiin ittigaafatamummaan kan hojjatu jechuu dha.

ሀ) “አግባብነት ያለው ከባድ” ማለት ማንኛውንም ኃላፊነቱ የተወሰነ የግል ከባድ ሆኖ በህዝባዊ ድርጅቶች መዋጮ የተቋቋመ አክሲዮን እና የጃይንት ሽንቸር ድርጅትና ሽር ካምፓኒ እንዲሁም ከእነዚህ ድርጅቶች ጋር የሽርክና ማህበር በማቋቋም የሚሠሩ ሌሎች ድርጅቶችንም ይጨምራል።

ለ) “ጠቅላላ ጉባኤ” ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የፀረ-መስና ጥምረት ጠቅላላ ጉባኤ ነው።

ሐ) “ባለሥልጣን” ማለት በክልሉ መንግሥት መሥሪያ ቤት ወይም በመንግሥት ልማት ድርጅት ውስጥ የተሾመ፣ የጨፌ ወይም የወረዳ ወይም የከተማ ምክር ቤት አባል እንዲሆን በህዝብ የተመረጠ ወይም በየትኛውም ደረጃ ላይ ያለ ማንኛውም ተሿሚ ወይም በህዝባዊ ድርጅት ውስጥ በኃላፊነት ወይም በቦርድ አባልነት ወይም በአመራርነት ተሹሞ ወይም ተመድቦ ወይም ተመርጦ የሚሠራ ሰው ማለት ነው።

ከ) “ተሿሚ” ማለት በክልል፣ በዞን፣ በወረዳ፣ በከተማ አስተዳደር እና በቀበሌ እንዲሁም በመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ወይም በልማት ድርጅት ወይም በህዝባዊ ድርጅት መዋቅር መሠረት በህግ ወይም በመሥሪያ ቤቱ መተዳደሪያ ደንብ፣ በተቋሙ ወይም በድርጅቱና በሙያው የሥራ ሥነምግባር ትዕዛዝ መሠረት በማንኛውም አኳኢን ተሹሞ ወይም ተመርጦ ወይም ተመድቦ መሥሪያ ቤትን ወይም ልማት ድርጅትን ወይም ህዝባዊ ድርጅትን የሚመራ ወይም በኃላፊነት የሚሠራ ሰው ማለት ነው።

9) “Appropriate Company” shall mean any private limited company which is established through the contribution of shares of public organizations and joint venture share company including other organizations which have established partnership with such organizations.

10) “General Assembly” shall mean the general assembly of the Oromia National Regional State Anti-Corruption coalition.

11) “Public Official” shall mean any person who is appointed in any public office or public enterprise of the region; or any person elected by the people as a member of the Regional 'Caffee' or district or City Council or any appointee at all level or any appointee assigned or elected as a head or board member or as a manager of public organization.

12) “Appointee” shall mean any person appointed or elected or assigned at regional, zonal, district, city administration or kebele level in any manner as well as in accordance with the organizational structure of the respective public office or public enterprise or public organization or in accordance with a law or regulation or memorandum of association of the public enterprise, public office or public organization and in accordance with professional ethics of the respective profession.

- 13) “Hojjataa Jaarmiyaalee Ummataa” jechuun jaarmiyaalee ummataa keessatti qaxaramee, ramadamee yookiin miseensotaan filatamee dhaabbataan yookiin yeroof kan hojjatu yoo ta’u, hoogganaa jaarmiyichaa miseensa boordii daayirektarootaa, nama waldaa akisyoonaa yookiin jaarmiyaalee tola ooltummaa kan gurmeessu yookiin miseensa koree ni dabalata.
- 14) “Hojjataa Mootummaa” jechuun keewwata kana keewwata xiqqaa 11 fi 12 jalatti kan tumameen alatti Mana Hojii mootummaa yookiin dhaabbata misooma Mootummaa Naannichaa keessatti dhaabbiiidhaan yookiin yeroodhaaf qaxaramuun yookiin ramadamuun yookiin filatamuun nama hojjatu jechuu dha.
- 15) “Hojjataa Yeroo” jechuun dhaabbiiidhaan osoo hin qaxaramin kaffaltiidhaan yookiin kaffaltii malee hojii mana hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jaarmiyaalee ummataatti yeroo hojii guutuu yookiin yeroo boqonnaa yookiin yeroo hojii mootummaatiin ala kan hojjatu ta’ee hojjataa shaakalaaf ramadame ni dabalata.
- 16) “Bu’uuraalee Dagaagina Naamusaa” jechuun naannicha keessatti, keessumaayyuu, tajaajila mootummaan kennamu keessatti haalawwan naamusa badaa sadarkaa ol’aanaan hir’isuuf, naamusa gaarii, gahumsa ogummaa fi hojimaata gaarii ta’e jajjabeessuuf sirna yookiin tooftaa yookiin haalawwan barbaachiisaa ta’an diriirsuu fi kan kana fakkaatan jechuu dha.
- 17) “Balleessaa Naamusaa Cimaa” jechuun akkaataa Dambii naamusaa manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa ykn jaarmiyaalee uummataa naannichaatiin gocha balleessaa naamusaa cimaa hojiirraa gaggeessisuu danda’u jechuu dha.

፲፫) “የህዝባዊ ድርጅት ሠራተኛ” ማለት በህዝባዊ ድርጅት ውስጥ ተቀጥሮ፤ ተመደቦ ወይም በአባላት ተመርጦ በቋሚነት ወይም በጊዜያዊነት የሚሠራ ማንኛውም ሰው ሲሆን የዳይሬክተሮች ቦርድ አባልን ወይም የአክሲዮን ማህበርን ወይም የቦን አድራጊነት ድርጅትን የሚያደራጅ ሰውን ወይም ኮሚቴን ያካትታል።

፲፬) “የመንግሥት ሠራተኛ” ማለት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፱ እና ፲ ሥር ከተደነገገው ውጪ በመንግሥት መሥሪያ ቤት ወይም በክልሉ መንግሥት ልማት ድርጅት ውስጥ በቋሚነት ወይም በጊዜያዊነት ተቀጥሮ ወይም ተመደቦ ወይም ተመርጦ የሚሠራ ሰው ማለት ነው።

፲፭) “ጊዜያዊ ሠራተኛ” ማለት በቋሚነት ሳይቀጠር በክፍያ ወይም ያለክፍያ በሙሉ ጊዜው ወይም በትርፍ ጊዜው የመንግሥት መሥሪያ ቤት ወይም የመንግሥት ልማት ድርጅት ወይም የህዝባዊ ድርጅት ሥራን የሚያከናውን ሰው ሲሆን በተለማማጅነት የተመደበ ሠራተኛን ያካትታል።

፲፮) “የሥነምግባር አውታሮች” ማለት በክልሉ ውስጥ በተለይም በመንግሥት በሚሰጥ አገልግሎት ውስጥ ምግባረ ብልሹነትን በከፍተኛ ደረጃ ለመቀነስ፤ መልካም ሥነምግባር፤ ሙያዊ ብቃትንና ጥሩ አሠራርን ለማበረታታት ሥርዓትን ወይም ዘዴን ወይም አስፈላጊ የሆኑ ሁኔታዎችን መዘርጋትንና የመሳሰሉትን ማለት ነው።

፲፯) “ከባድ የሥነምግባር ጥሰት” ማለት አግባብ ባለው በክልሉ መንግሥት መሥሪያ ቤት ወይም በመንግሥት የልማት ድርጅት የሥነምግባር ደንብ መሠረት ከሥራ ሊያሰናብት የሚችል ጥፋት ነው።

13) “Employee of Public Organization” shall mean an employee who is employed, appointed or elected by members to work either temporarily or permanently in a public organization and include leader of the board of directors or any person or committee involved in the formation of a share company or a charity organization.

14) “Public Servant” shall mean any person who is recruited or assigned or elected to work either temporarily or permanently in a public office or public enterprise in the exception of the provisions stipulated under sub article 11 and 12 of this article .

15) “Temporary worker” shall mean a person who works full or part or during leave time with or without payment in a public office or public enterprise. or public organization without being a employed permanently and shall include apprentice.

16) “Basics Ethical Principles” shall mean systems or mechanisms or the necessary conditions and other similar activities established with the view to reduce substantially unethical conducts and to encourage ethical conducts, professional competency and propriety work practices in the region, particularly in the public service delivery.

17) “Grave Ethical Violations” shall mean any ethical violation which entails dismissal from a job in accordance with ethical code of public office or public enterprise.

- 18) “Yakka Malaammaltummaa” jechuun bu’uura Seera Yakkaa Mootummaa Federaalaa bara 1997 keessaa tumaaleen seera qabeessa ta’e, Labsii Lakk. 881/2007 keessatti yakkoota malaammaltummaa ilaalchisee bahee fi seerota biroo keessatti yakkoota yakka malaammaltummaa jedhamuun tumaman ni dabalata.
- 19) “Yakka malaammaltummaa cimaa” jechuun:-
- (a) Yakka malaammaltummaa mana hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin jaarimiyaalee ummataa faayidaa ummataa ol’aanaa tarsimaawaa ta’e yookiin maallaqa yookiin qabeenya guddaa qaban yookiin sochoosan irratti raawwataman,
 - (b) Yakka malaammaltummaa abbootii taayitaa, muudamtootaa fi filatamtoota ummataatiin raawwataman,
 - (c) Yakka malaammaltummaa birmadummaa, diinagdee, nageenya akkasumas jireenya ummata naannichaa fi biyyaa irratti miidhaa ol’aanaa qaqqabsiisan yookiin qaqqabsisuu danda’anii dha.
- 20) “Eeruu Kennaa” jechuun nama yakki malaammaltummaa raawwatameera yookiin raawwatuuf jedhee ragaa itti amane qaama dhimmi ilaallatuuf yookiin qaama haqaa kan biroo, mana hojii mootummaaf, dhaabbilee misoomaa mootummaaf yookiin hoogganaa ol’aanaa jaarimiyaalee ummataaf yookiin qaama kan biroo seeraan yookiin qajeelfamaan eeruu yakka malaammaltummaa akka fuudhu aangeffameef kan dhiyeessu kamiyyuu yoo ta’u; qaamolee ibsaman kanneeniif eeruu dhiyeessuu yoo baates dhimma yakki malaammaltummaa irratti raawwatame oditii kan godhu yookiin odiitara raawwii oditii isaatiin malaammaltummaan raawwachuu kan saaxilee fi nama eeruu calalu yookiin qoratu ni hammata.

፲፰) “የሙስና ወንጀል” ማለት የሙስና ወንጀሎችን ለመደንገግ በ፲፱፻፺፯ ዓ.ም. በወጣው የፌዴራል ወንጀል ህግ ውስጥ አግባብነት ያላቸው ድንጋጌዎች፣ በአዋጅ ቁጥር ፰፻፹፩/፪ሺ፯ ውስጥ የሙስና ወንጀሎችን አስመልክቶ የወጣው እና በሌሎች ህጎች ውስጥ የሙስና ወንጀል ተብለው የተደነገጉትን ይጨምራል።

፲፱) “ከባድ የሙስና ወንጀል” ማለት፡

- ሀ) ከፍተኛ ስትራቴጂያዊ ጠቀሜታ ባላቸው የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች፣ የመንግሥት የልማት ድርጅቶች ወይም በህዝባዊ ድርጅቶች ከፍተኛ ጥቅም ባላቸው ወይም ገንዘብ ወይም ንብረት በሚያንቀሳቅሱ ላይ የተፈፀመ የሙስና ወንጀል፤
- ለ) በባለሥልጣናት፣ በተሻሻሚዎች እና በህዝብ ተመራጮች የተፈፀመ የሙስና ወንጀል፤
- ሐ) በክልሉና በሀገሪቱ ህዝብ ሉዓላዊነት፣ ኢኮኖሚ፣ ሠላም እንዲሁም በህብረተሰቡ ኑሮ ላይ ከፍተኛ ጉዳት የሚያደርስ ወይም ሊያደርስ የሚችል የሙስና ወንጀል ነው።

፳) “ጠቋሚ” ማለት ተፈፅሟል ወይም ሊፈፀም ነው ብሎ ያመነውን የሙስና ወንጀል የሚመለከት መረጃ አግባብ ላለው አካል ወይም ለሌላ የፍትህ አካል፣ ለመንግሥት መሥሪያ ቤት፣ ለመንግሥት የልማት ድርጅት ወይም ለህዝባዊ ድርጅት የበላይ ኃላፊ ወይም በህግ ወይም በመመሪያ የሙስና ወንጀል ጥቆማን እንዲቀበል ኃላፊነት ለተሰጠው ሌላ አካል የሚያቀርብ ማንኛውም ሰው ሲሆን፤ ለአዝዚህ ለተጠቀሱት አካላት ጥቆማ ባያቀርብም የሙስና ወንጀል የተፈፀመበትን ጉዳይ አዲት የሚያደርግ ወይም በአዲት ተግባሩ ሙስና መፈፀሙን ያጋለጠ አዲተርን እና ጥቆማን የሚያጣራ ወይም የሚመረምር ሰውን ያካትታል።

18) “Corruption Offences” shall mean relevant provisions of Federal Criminal Law, corruption offences provided for by the Corruption Crimes Proclamation No. 881/2015, and includes offences provided as corruption crimes in other relevant laws.

19) “Grave Corruption Offence” shall mean:

- a) Corruption offences involving highly strategic public interest or huge money or property or transactions committed in Public Office, Public Enterprise or Public Organization; or
- b) Corruption offences involving a public official, appointed or elected individuals; or
- c) Corruption offences which cause or capable of causing a grave danger on the regional and national sovereignty, economy, security or life of the society.

20) “Informant” shall mean any person who provides information, where he believes that corruption offence is committed or to be committed, to appropriate organ or other justice organs, to the public office, public enterprise or to the head of public organization or anybody who is authorized to entertain corruption offences in accordance with the law or directives and shall include an auditor who audit the case relating to the corruption offence or an auditor who detects the commission of corruption offences in the course of his auditing duties and anyone who inspects or investigates such offences.

- 21) “Wabii Eegumsa Hojii fi Qaamaa” jechuun eeruu keennitoota yookiin raga baatoota yookiin nama kamiyyuu sababa eeruu kennee yookiin ragaa bahuu isaatiin miidhaa itti aggaamamu fi irra gahu irraa ittisuu, jijjiirraa fi ramaddii hojii seeraan ala ta’e yookiin sababa eeruu kenneef yookiin ragaa baheen kan wal qabateen miidhaa qaamaa yookiin hojii irratti dhaqqabu kaamiyyuu raawwatame yookiin rawwatamu irraa ittisuu dha.
- 22) “Herrega Baankii” jechuun maallaqa baankii kaa’ame, Sookoo fi meeshaalee gatii mi’aawaa qaban, akkasumas waliqunnamtiiwwan (transaction) maamilli Baankii waliin taasisu kamiyyuu ni dabalata.
- 23) “Gamtaa Farra Malaammaltummaa” jechuun qabsoo farra malaammaltummaa haala qindoomaan gaggeessuuf qaamolee mootummaa, miti-mootummaa, waldaalee ogummaa adda addaa, jaar-miyaalee uummataa irraa walitti dhufuun kan hundeeffame qaama sosochii uummataa farra malaammaltummaa irratti gaggeeffamu deeggaruuf kan hundeeffame dha.
- 24) “Nama” jechuun nama uumamaa yookiin qaama seeraan mirgi namummaa kennameef jechuu dha.

3. Ibsa Koorniyaa

Labsii kana keessatti jechi koor-nayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsaa

- 1) Komishinichi bu’uura labsii kanaatiin qaamota armaan gadii keessatti yakkoota malaammaltummaa ittisuu, qorachuu yookiin himachuuf aangoo ni qabaata:
 - (a) Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa kamiyyuu;

፳፩) “የሥራና የአካል ጥበቃ ዋስትና” ማለት ለጠቋሚዎች ወይም ለምስክሮች ወይም ለማንኛውም ሰው ጥቆማ በመስጠቱ ወይም ምስክር በመሆኑ ከሚቃጠበት እና ከሚደርስበት ጉዳት ለመከላከል፤ ህገወጥ ዝውውርና የሥራ ምደባ ወይም በመጠቀሙ ወይም ምስክር በመሆኑ ምክንያት ጋር በተያያዘ በአካል ወይም በሥራ ላይ በደረሰ ወይም ከሚደርስ ጉዳት ላይ መከላከል ነው።

፳፪) “የባንክ ሂሳብ” ማለት በባንክ የተቀመጠ ገንዘብ፤ ወርቅና ውድ ዋጋ ያላቸው ዕቃዎች እንዲሁም ማንኛውም ደንበኛ ከባንክ ጋር የሚያደርጋቸውን ማናቸውንም ግንኙነቶች (ትራንዛክሽኖች) ይጨምራል።

፳፫) “የፀረ-መስና ጥምረት” ማለት የፀረ-መስና ትግሉን በተደራጀ ሁኔታ ለማካሄድ ከመንግሥት፤ መንግሥታዊ ካልሆኑ ድርጅቶች፤ ከተለያዩ የሙያ ማህበራት እና ከህዝባዊ ድርጅቶች ተወጣጥተው በፀረ-መስና ላይ የሚደረገውን ህዝባዊ ንቅናቄ ለመደገፍ የተቋቋመ አካል ነው።

፳፬) “ሰው” ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ነው።

፫. የፆታ አገላለጽ

በዚህ አዋጅ ውስጥ ማንኛውም በወንድ ፆታ የተገለፀው ሴትንም ይጨምራል።

፩. የተፈጻሚነት ወሰን

- ፩) በዚህ አዋጅ መሠረት ኮሚሽኑ በሚከተሉት ተቋማት ውስጥ የመስና ወንጀሎችን ለመከላከል፤ ለመመርመርና ለመከሰስ ሥልጣን ይኖረዋል፤
 - ሀ) በማንኛውም የክልል መንግሥት መሥሪያ ቤት ወይም የመንግሥት የልማት ድርጅት፤

- 21) “Protection of Physical and Job Security” shall mean any protection of physical or job security made to informants or witnesses or any other persons against imminent harm and caused danger, unlawful transfer and assignment of job or any physical injury or job insecurity sustained or ought to be sustained on account of given information or evidence.
- 22) “Bank Account” shall mean money, gold and similar precious goods and includes any transactions which the customer makes with the bank.
- 23) “Anticorruption Coalition” shall mean a coalition which is established from government organ, non-governmental organization, various professional associations and public organization to support the struggle against corruption in an integrated manner.
- 24) “Person” shall mean natural or juridical person.

3. Gender Reference

Provisions of this proclamation set out in the masculine gender shall also apply to feminine gender.

4. Scope of Application

- 1) In accordance with this proclamation, the commission shall have the power to prevent, investigate and prosecute corruption offences relating to the following organs.
 - a) Any Public offices or public enterprises of the region;

- (b) Jaarmiyaalee dhuunfaa yookiin jaarmiyaalee ummataa yookiin manneen hojii yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa naannichaa kan mootummaan guutummaan yookiin gar-tokkeen aksiyoonaa yookiin mirga abbaa qabeenyummaa keessatti qaban;
- (c) Yakka malaammaltummaa muudamtoota yookiin abbaa taayitaa jaarmiyaalee ummataa yookiin hojjattoota isaaniitiin raawwatame;
- (d) Aangoo fi hojii komishinichaatiin walqabatee Labsii kanaa fi seerota dhimmi ilaallatu kan birootiin ittisuu, qorachuu, himachuu fi adeemsa murtii yakka malaammaltummaa gufachiisuuf yakkoota nama kamiinuu raawwataman.
- 2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 (a-d) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, tumaan keewwata kanaa yakkoota malaammaltummaa manneen hojii mootummaa naannichaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin jaarmiyaalee ummataa naannichaatiin magaalaa Finfinnee keessatti raawwataman kamiyyuu irratti raawwatiinsa ni qabaata.

5. Yakka malaammaltummaa Ilaaluuf Manneen Murtii Aangoo Qaban

- 1) Aangoon abbaa seerummaa manneen murtiitiif seerota birootiin kenname akkuma eegametti ta'ee, yakkoota malaammaltummaa ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa sadarkaa duraa kan qabu Mana Murtii ol'aanaa naannichaa ti.

ለ) በግል ድርጅት ወይም በህዝባዊ ድርጅቶች ውስጥ የክልሉ የመንግሥት መሥሪያ ቤቶች ወይም የመንግሥት የልማት ድርጅቶች በሙሉ ወይም/እና በከፊል የአክሲዮን ወይም የባለቤትነት መብት ባላቸው፤

ሐ) በህዝባዊ ድርጅቶች ተሟላጾች ወይም ባለሥልጣናት ወይም በሠራተኞቻቸው በሚፈፀም የሙስና ወንጀል፤

መ) ከኮሚሽኑ ሥልጣንና ተግባር ጋር በተያያዘ በዚህ አዋጅና ጉዳዩ በሚመለከተው ሌሎች ህጎች የሙስና ወንጀልን መከላከል፤ ምርመራ፤ ክስ እና የፍርድ ሂደትን ለማስናከል በማንኛውም ሰው የሚፈፀሙ ወንጀሎች፡፡

፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩(ሀ - መ) የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የዚህ አንቀጽ ድንጋጌ በፊንፊኔ ከተማ በክልሉ የመንግሥት መሥሪያ ቤት፤ የመንግሥት የልማት ድርጅት ወይም ህዝባዊ ድርጅት ላይ በሚፈፀም ማንኛውም የሙስና ወንጀል ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል፡፡

፭. የሙስና ወንጀልን ለማየት ሥልጣን

ስላላቸው ፍርድ ቤቶች

፩) በሌሎች ህጎች ለክልሉ ፍርድ ቤቶች የተሰጠው የዳኝነት ሥልጣን እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የሙስና ወንጀሎችን ለማየት የመጀመሪያ ደረጃ ሥልጣን ያለው የክልሉ ከፍተኛ ፍርድ ቤት ነው፡፡

b) Any private sector or public organization of the region in which public office or/and public enterprises have a share fully or partially or any ownership right;

c) Corruption offences committed by the appointee or officials or employees of the public organization;

d) An obstruction of any alleged or suspected corruption offences in connection with the power and duties of the Commission to prevent, investigate, prosecute or adjudication of corruption offences and other offences provided in this proclamation and other relevant laws;

2) Without prejudice to this article sub article 1(a-d), the provisions of this article shall apply on any corruption offences committed on public offices, public enterprises or public organization of the region found in Finfinnee city.

5. Jurisdiction Courts to Hear Corruption Offences

1) Without prejudice to the jurisdiction of courts provided under other laws, the first instance jurisdiction to hear corruption offences shall be vested in the High Courts of the Region.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, yakkoota malaammaltummaa manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa yookiin jaarmiyaalee uummataa naannichaa magaalaa Finfinnee keessatti argaman keessatti raawwataman, yookiin faayidaa mootummaa Naannichaa waliin walqabatee nama kamiinuu magaalaa Finfinnee keessatti raawwatame ilaaluuf aangoo abbaa seerummaa kan qabu Mana Murtii ol'aanaa Godina addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee ti.

Kutaa Lama

Hundeeffama, Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Komishinichaa

6. Hundeeffamaa fi Itti Waamama
- 1) Komishiniin Naamusaa fi Farra Malaammaltummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda "Komishinii" jedhamee kan waamamu mana hojii mootummaa of danda'e ta'ee labsii kanaan irra deebi'amee hundeeffameera.
- 2) Itti waamamni Komishinichaa Pirezidaantii Mootummaa Naannichaatiif ta'a.

7. Kaayyoowwan Komishinichaa

Komishinichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

- 1) Hawaasa duudhaalee naamusa gaariin ijaaramee fi malaammaltummaa lagatu akka uumamu taasisuun qaamolee roga qabeessa ta'an waliin qindoominaan hojjachu;
- 2) Yakka malaammaltummaa yookiin hojimaata badaa qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ittisuu fi sirna hojimaata iftoominaa fi itti gaafatamummaa qabu akka idilaa'u taasisuu;

፩) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ በፌንፊኔ ከተማ በሚገኙ የክልሉ የመንግሥት መሥሪያ ቤት፤ የመንግሥት የልማት ድርጅቶች ወይም ህዝባዊ ድርጅቶች ላይ በሚፈፀሙ የሙስና ወንጀሎች ወይም ከክልሉ መንግሥት ጥቅም ጋር በተያያዘ በፌንፊኔ ከተማ በማንኛውም ሰው የሚፈፀም የሙስና ወንጀልን ለማየት የመጀመሪያ የዳኝነት ሥልጣን ያለው ፍርድ ቤት በፌንፊኔ ዙርያ የኦሮሚያ ልዩ ዞን ከፍተኛ ፍርድ ቤት ነው።

ክፍል ሁለት

ስለኮሚሽኑ መቋቋም፤ አደረጃጀት፤

ሥልጣንና ተግባር

፩. አመሠራረትና ተጠሪነት

- ፩) የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት የሥነምግባርና ፀረ-ሙስና ኮሚሽን ከአሁን በኋላ "ኮሚሽን" እየተባለ የሚጠራ እራሱን የቻለ የመንግሥት መሥሪያ ቤት በዚህ አዋጅ መሠረት እንደገና ተቋቁሟል።
- ፪) የኮሚሽኑ ተጠሪነት ለክልሉ መንግሥት ፕሬዝዳንት ይሆናል።

፯. የኮሚሽኑ ዓላማዎች

- ኮሚሽኑ የሚከተሉት ዓላማዎች ይኖራታል፤
- ፩) በመልካም ሥነምግባር የታነፀና ሙስናን የሚፀየፍ ኅብረተሰብ ለመፍጠር አግባብነት ካላቸው አካላት ጋር በቅንጅት መሥራት፤
- ፪) የሙስና ወንጀልን ወይም ብልሹ አሠራርን ከሚመለከተው አካል ጋር መከላከል እና የግልፅኝነትና የተጠያቂነት አሠራር በቋሚነት እንዲኖር ማድረግ፤

2) Without prejudice to sub article 1 of this article, the jurisdiction to hear corruption offences committed in public offices, public enterprises or public organization of the region found in Finfinne City or any corruption offence committed by any person in relation to any interest of the Region shall be vested in the High Court of Oromia Special Zone Finfinne.

Part Two

Establishment, Organizational Structure, Power and Duty of the Commission

6. Establishment and Accountability

- 1) The Oromia Ethics and Anti-Corruption Commission herein after referred to as "the Commission" is hereby reestablished by this proclamation as independent government institution.
- 2) The accountability of the Commission shall be to the President of the Region.

7. Objectives of the Commission

The Commission shall have the following objectives:

- 1) To Work in collaboration with the appropriate organs with the view to create a society with good ethical values and condemn corruption;
- 2) To mainstream transparent and accountable work procedure and prevent corruption offences or impropriety in collaboration with appropriate organs.

3) Yakka malaammaltummaa fi hojimaata badaa saaxiluu, qorachuu fi himachuu dha.

8. Teessoo Waajjira Olaanaa Komishinichaa

Teessoon waajjira olaanaa komishinichaa magaalaa Finfinnee ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti dameewwan qabaachuu ni danda'a.

9. Asxaa Komishinichaa

Komishinichi asxaa mataa isaa ni qabaata; tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

10. Gurmaa'ina Komishinichaa

Komishiniichi gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

- 1) Komishinaara;
- 2) Itti Aantota Komishinaaraa fi
- 3) Hojjattoota barbaachisaa ta'an.

11. Muudama

- 1) Kamishinarri Komishinichaa Pirezidaantii Naannichaatiin dhiyaatee Caffeen kan muudamu ta'a.
- 2) Itti aanaan Komishinara Komishinichaa Pirezidaantii Naannichaatiin dhiyaatee Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin kan muudamu ta'a.

12. Bilisummaa Hojii Komishinichaa

Labsii kana keewwata 6 keewwata xiqqaa 2 fi keewwata 16 keewwata xiqqaa 9 jalatti kan tumame jiraatuyyuu, dhimmoota Komishinichi qoratu fi himatu yookiin qorate yookiin himate yookiin hojiiwwan kamiyyuu daangaa aangoo isaa keessatti raawwatu gidduseentummaa fi dhiibbaa nama kamirraayyuu bilisa.

፫) የሙስና ወንጀልንና ብልሹ አሠራርን ማጋለጥ፣ መመርመርና መክሰስ ነው።

፰. የኮሚሽኑ ዋና ጽ/ቤት

የኮሚሽኑ ዋና ጽ/ቤት ፊንፊኔ ከተማ ሆኖ እንዳስፈላጊነቱ ቅርንጫፎች ሊኖሩት ይችላል።

፱. የኮሚሽኑ ዓርማ

ኮሚሽኑ የራሱ ዓርማ ይኖረዋል፤ ዝርዝሩ በሚወጣ ደንብ መሠረት የሚወሰን ይሆናል።

፲. የኮሚሽኑ አደረጃጀት

ኮሚሽኑ የሚከተለውን አደረጃጀት ይኖረዋል፤

- ፩) ኮሚሽነር፤
- ፪) ምክትል ኮሚሽነሮች እና
- ፫) አስፈላጊ የሆኑ ሠራተኞች።

፲፩. ሹመት

፩) የኮሚሽኑ ኮሚሽነር በክልሉ ፕሬዝዳንት አቅራቢነት በጨፌ የሚሾም ይሆናል።

፪) የኮሚሽኑ ምክትል ኮሚሽነር በክልሉ ፕሬዝዳንት አቅራቢነት በክልሉ መንግሥት መስተዳድር ምክር ቤት የሚሾም ይሆናል።

፲፪. የአሠራር ነጻነት

በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፮ ንዑስ አንቀጽ ፪ እና አንቀጽ ፲፮ ንዑስ አንቀጽ ፱ ሥር የተደነገገው ቢኖርም ኮሚሽኑ በሚመረምራቸው ወይም ክስ በሚመሰርትባቸው ወይም ክስ በመሰረተባቸው ወይም በሥልጣን ገደቡ ውስጥ በሚፈጽማቸው ሥራዎች ውስጥ ከማንኛውም ሰው ጣልቃ ገብነት እና ተፅዕኖ ነፃ ነው።

3) To expose, investigate and prosecute corruption offences and impropriety.

8. Head Office of the Commission

The Head Office of the Commission shall be at Finfinne City and it may have branch offices as deemed necessary.

9. Emblem of the Commission

The Commission shall have its own emblem. The particulars shall be determined by the regulation to be issued.

10. Organizational Structure of the Commission

The Commission shall have the following organizational structure:

- 1) Commissioner;
- 2) Deputy Commissioners;
- 3) Necessary staffs;

11. Appointment

- 1) The Commissioner of the Commission shall be appointed by the Caffee upon nomination by the President of the region.
- 2) The Deputy Commissioner of the Commission shall be appointed by the regional administrative council upon nomination by the president of the region.

12. Independence of the Commission

Notwithstanding the provisions of article 6 sub article 2 and article 16 sub articles 9 of this Proclamation, the Commission shall be free from any interference and influence by any person with regard to cases to be investigated or prosecuted or under investigation or prosecution or any case under the power of the Commission.

13. Gurmaa'inaa fi Sirna Hojimaataa Abbaa Alangaa Komishinichaa
Abbaan Alangaa Komishinichaa bilisummaa hojii ogummaa isaa kan kabachiisu gurmaa'inaa fi sirna hojimaataa ni qabaata. Tarreeffamni isaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

14. Kakuu Raawwachuu

Hojjetaan komishinichaa kamiyyuu heera mootummaa, seerota fi naamusa ogummaa isaa kabaajuuf, iccitii eeguu, dogoggora fi miidhaa geessisuu irraa of qusachuu fi aangoo kennameef seeraan fayyadamuuf, akkasumas imaanaa ummataa fi itti gaafatamummaa hojii itti kenname sirnaan bahuuf kakuu ni raawwata. Tarreeffamni isaa danbii bahuun kan murtaa'u ta'a.

15. Aangoo Fi Hojii Komishinichaa

Aangoo fi hojii Komishinichaaf seerota biroottiin kenname akka eegametti ta'ee, Komishinichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

- 1) Aangoo fi hojiiwwan labsii kanaan kennamaniif hojiirra oolchuuf tarsiimoo, sagantaa fi seera ni burqisiisa; sirna hojimaataa ni diriirsa, yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
- 2) Miidhaa malaammaltummaan qabu ilaalchisee hubannoon hawaasaa akka cimu qaamolee dhimmi ilaallatu waliin ni barsiisa, tajaajila ummataaf kennamu keessatti naamusni gaariin akka babal'atu taasisuun hawaasni malaammaltummaa fi hojimaata badaa irraa akka of-qusatan ni hojjata;

፲፫. የኮሚሽኑ ዓቃቤ ህግ አሠራርና አደረጃጀት

የኮሚሽኑን ዓቃቤ ህግ የሙያ ሥራ ነፃነቱን የሚያስከብር አሠራርና አደረጃጀት ይኖረዋል፤ ዝርዝሩ በሚወጣ ደንብ መሠረት የሚወሰን ይሆናል፡፡

፲፬. ቃለ-መሃላ መፈፀም

ማንኛውም የኮሚሽኑ ሠራተኛ ህገ መንግሥትን፣ ህጎች እና የሙያ ሥነምግባሩን ለማክበር፣ ምስጢር ለመጠበቅ፣ ስህተትና ጉዳት ከማድረስ ለመቆጠብና ሥልጣኑን በህጉ መሠረት ለመጠቀም እንዲሁም የተሰጠውን የህዝብ አደራና የሥራ ኃላፊነት በአግባቡ ለመወጣት ቃለ-መሃላ ይፈፅማል፤ ዝርዝሩ በሚወጣ ደንብ መሠረት የሚወሰን ይሆናል፡፡

፲፭. የኮሚሽኑ ሥልጣንና ተግባር

በሌሎች ህጎች ለኮሚሽኑ የተሰጡት ሥልጣንና ተግባራት እንደተጠበቁ ሆነው ከሚሽኑ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡፡

- ፩) በዚህ አዋጅ የተሰጠውን ሥልጣንና ተግባራትን ለመፈፀም ህግ፣ ስትራቴጂና ፕሮግራም ያመነጫል፤ የአሠራር ሥርዓት ይዘረጋል፤ ሲፀድቅ ሥራ ላይ ያውላል፤
- ፪) ሙስና ያለውን ጎጂነት በተመለከተ የህብረተሰቡ ንቃተ ህሊና እንዲጎለብት ጉዳዩ ከሚመለከታቸው አካላት ጋር ያስተምራል፤ ለህዝቡ በሚሰጠው አገልግሎት ውስጥ መልካም ሥነምግባር እንዲስፋፋ በማድረግ ህብረተሰቡ ከሙስና እና ከብልሹ አሠራር እንዲቆጠብ ይሠራል፤

13. Organization and Work Procedures of the Commission's Prosecution

The Commission's prosecution shall have organizational structure and work procedure which ensures the Commission's prosecution professional independence. The particular shall be determined by the regulation to be issued.

14. Oath

Any employee of the Commission shall take an oath to respect the Constitution, laws and his professional ethics, to keep secrecy, to keep himself from committing a fault and causing damage, to use his power lawfully as well as to perform in accordance with the public thrust and responsibility bestowed on him. The particulars shall be determined by the regulation to be issued.

15. Power and Duty of the Commission

Without prejudice to the powers and duties entrusted to the Commission under other laws, the Commission shall have the following power and duties:

- 1) Formulate strategy, program and laws with the view to implement power and duties entrusted to it under this proclamation; establish working procedure; implement upon its approval.
- 2) Educate about the impact of corruption in collaboration with concerned body with a view to create public awareness, work with a view to disseminate ethical practices in the public services and protect the society from corrupt practices and impropriety;

- 3) Naamusaa fi malaammaltummaa ilaalchisee qo'annoo fi qorannoo adeemsisuu fi hojiiwwan wal fakkaataa ta'an ni deeggara, kaayyowwan komishinichaa tarkaanfachiisuuf kan gargaaran maxxansaawwan barumsa kennan, gabaasawwanii fi qo'aannoowwan teeknikaa maxxansiisuun ni raabsa;
- 4) Hawaasa naanichaatiif barumsa naamusaa ni kenna; sochiilee yookiin gumii farra malaammaltummaa ni hundeessa; akka hundaa'u yookiin idilaa'u ni taasisa; ni qindeessa; deeggarsa ogummaa ni kenna;
- 5) Qabsoo farra malaammaltummaa qindoominaan haala tarsimaawaa ta'een gaggeessuu fi ittisuu irratti Gamtaan Farra Malaammaltummaa manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misooma mootummaa fi jaarmiyaalee uummataa naannichaa sadarkaa sadarkaan jiran keessatti akka hundaa'u haala ni mijeessa; ni deeggara; ni hordofa; gabaasa raawwii isaa Gamtichaaf yookiin qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa;
- 6) Manneen hojii mootummaa, dhaabbilee misoomaa mootummaa fi jaarmiyaalee ummataa keessatti haalawwan hojii malaammaltummaa fi hojimaata badaaf saaxilaman yookiin saaxilamuu danda'an irratti qo'annoo ni gaggeessa; akka qo'ataman ni taasisa; sirni hojimaataa fooyya'uu isaa ni hordofa; akkaataa barbaachisummaa isaatti tarkaanfiin akka fudhatamu yookiin murtiin akka irratti kennamu qaama dhimmi illaallatu ni beeksisa; ni hubachiisa; qaama biroottiin yammuu gaafatamu gorsaa fi deeggarsa wal fakkaataa ta'e ni kenna;

፫) ሥነምግባርና ሙስናን በተመለከተ የአሠራር ጥናትና ምርምር ማድረግና ተመሳሳይ የሆኑ ሥራዎችን ይደግፋል፤ የኮሚሽኑን ዓላማዎች ለማራመድ የሚያገለግሉ ትምህርት ሰጪ ህትመቶችን፤ ሪፖርቶችና የቴክኒክ ጥናቶች በማግኘትም ያሠራጫል፤

፬) ለክልሉ ህብረተሰብ የሥነምግባር ትምህርት ይሰጣል፤ የፀረ-ሙስና እንቅስቃሴዎች ወይም ጥምረት ያቋቁማል፤ እዲቋቋሙ ያደርጋል፤ ያስተባብራል፤ የሙያ ድጋፍ ይሰጣል፤

፭) ስትራቴጂካዊ በሆነ አኳኒን በቅንጅት የፀረ-ሙስና ትግል በማካሄድና በመከላከል ላይ በየደረጃው ባሉ የክልሉ የመንግስት መሥሪያ ቤቶች፤ የመንግሥት የልማት ድርጅቶች እና ህዝባዊ ድርጅቶች ውስጥ የፀረ-ሙስና ጥምረት ምክር ቤቶች እንዲቋቋሙ ሁኔታዎችን ያመቻቻል፤ ይደግፋል፤ ይከታተላል፤ የሥራ አፈፃፀም ሪፖርቱን ለጥምረቱ ወይም ጉዳዩ ለሚመለከተው አካል ያቀርባል፤

፮) በመንግሥት መሥሪያ ቤቶች፤ በመንግሥት የልማት ድርጅቶች እና ህዝባዊ ድርጅቶች ውስጥ ለሙስናና ለብልሹ አሠራር የሚጋለጡ ወይም ሊጋለጡ የሚችሉ የሥራ ሁኔታዎች ላይ ጥናት ያካሂዳል፤ እንዲጠኑ ያደርጋል፤ የአሠራር ሥርዓቱ መሻሻሉን ይከታተላል፤ እንደ አስፈላጊነቱ እርምጃ እንዲወሰድ ወይም ውጤት እንዲሰጥበት ለሚመለከተው አካል ያግወዳል፤ ያሳስባል፤ በሌላ አካል ሲጠየቅ ምክርና ተመሳሳይ የሆነ ድጋፍ ይሰጣል፤

- 3) Give support for a research and study conducted on ethics and corruption, and similar activities; publish and distribute reports and technical studies which help to the objective of the Commission;
- 4) Provide ethical education to the public of the region; establish; cause to be established; coordinate anticorruption movement or forums; provide support to them;
- 5) Facilitate condition for the establishment of anticorruption coalition in public offices, public enterprises and public organization of the region at each level with the view to conduct anticorruption struggle in an organized and strategic manner; support, follow up, submit performance report to the coalition or concerned organ.
- 6) Conduct and cause to be conducted a research on corrupt practices and conditions that lead or can lead to corruption and impropriety in public offices, public enterprises and public organization, follow up the improvement of work system, cause to take appropriate measure to be taken or inform to the concerned organ to give decision as it may necessary, notify, gives same advice and support upon requested by other organ;

- 7) Manneen hojii mootummaa yookiin dhaabbilee misoomaa mootummaa yookiin jaar-miyaalee ummataa keessatti bal-leessaan naamusaa cimaan yakka malaammaltummaa wajjin wal qabatu hojjataa yookiin abbaa taayitaa isaanii yookiin namoota kan biroottiin raawwatamuu isaa eeruun yoo isa dhaqqabu yookiin shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e ni qulqulleessa; akka qulqullaa'u ni taasisa; tarkaanfii barbaachisaa ta'e ni fudhata; akka fudhatamu ni taasisa;
- 8) Aangoo fi hojii Komishinichaatiin walqabatee qorannaa, himan-naa fi adeemsa murtii yakka malaammaltummaa gufachiisuuf yakkoota nama kamiinuu raaw-watamuu isaa eeruun yammuu isa gahu yookiin shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e ni qorata; ni himata; akka qoratamu yookiin himatamu ni taasisa;
- 9) Yakkoota malaammaltummaa seera yakkaa yookiin seerota biroo keessatti tumaman yookiin gochoota yakkaa labsii kanaan dhorkamaniin wal-qabate eeruun yoo isa ga'e yookiin shakkii gahaa kan qabu yoo ta'e sirna dhooksaatiin yookiin haala mijaahaa diri-irsuudhaan odeeffannoo yookiin eeruu mala adda addaatti fayyadamuun ni sassaaba; murtii barbaachisaa ni kenna; ni kennisiisa; ni qorata; akka qoratamu ni taasisa; filannoo yookiin tooftaa adda addaatti fayyadamuun qabeenyi mootummaa yookiin ummataa qisaasame akka deebi'u ni taasisa, ni dhaalchisa; ni hordofa; ni himata ; ni falma; murtiin akka kennamu ni taasisa;
- 10) Qorannaa, akkasumas himannaa yakka malaammaltummaa adeemsa falmiirra jiru bu'uura seeraatiin ni kaasa;

- ፯) በመንግስት መሥሪያ ቤቶች፣ በመንግስት የልማት ድርጅቶች እና ህዝባዊ ድርጅቶች ውስጥ ከባድ የስነምግባር ጥሰት ከሙስና ወንጀል ጋር በተያያዘ ሠራተኛ ወይም ባለሥልጣኖቻቸው ወይም በሌሎች ሰዎች መፈፀሙን ጥቆማ ሲደርሰው ወይም በቂ ጥርጣሬ ያለው ከሆነ ያጣራል፣ እንዲጣራ ያደርጋል፣ አስፈላጊ የሆነ እርምጃ ይወስዳል፣ እንዲወሰድ ያደርጋል፤
- ፰) በኮሚሽኑ ሥልጣንና ተግባር ጋር በተያያዘ ምርመራ፣ ክስ እና የሙስና ወንጀል የፍርድ ሂደትን ለማሰናከል በማንኛውም ሰው ወንጀሎች መፈፀማቸውን ጥቆማ ሲደርሰው ወይም በቂ ጥርጣሬ ያለው ከሆነ ይመረምራል፣ ይከላል፣ እንዲጣራ ወይም እንዲከሰስ ያደርጋል፤
- ፱) በወንጀል ህግ ወይም በሌሎች ህጎች ውስጥ የተደነገጉ የሙስና ወንጀሎች ወይም በዚህ አዋጅ ከተከለከሉ የወንጀል ድርጊቶች ጋር በተያያዘ ጥቆማ ሲደርሰው ወይም በቂ ጥርጣሬ ያለው ከሆነ በሚስጢራዊ ሥርዓት ወይም ምቹ ሁኔታዎችን በመዘርጋት የተለያዩ ስልቶችን በመጠቀም መረጃ ወይም ጥቆማን ይሰበስባል፣ አስፈላጊ ውሣኔዎችን ይሰጣል፣ ያሰጣል ይመረምራል፣ እንዲመረመር ያደርጋል፣ የተለያዩ አማራጭ ወይም ስልት በመጠቀም የተመዘበረ የመንግሥት ወይም የህዝብ ሃብት እንዲመለስ ያደርጋል፣ ያስወርጣል፣ ይከታተላል፣ ይከላል፣ ይከራከራል፣ ውሳኔ እንዲሰጥ ያደርጋል፤
- ፲) በምርመራ እንዲሁም በክርክር ሂደት ላይ ያለ የሙስና ወንጀል ክስን በህጉ መሠረት ያነሳል፤

- 7) Investigate or cause the investigation of any complaints of alleged or suspected grave breaches of the codes of ethics in connection with corruption offences in public offices or public enterprises or public organization committed by their employees or officials or any other persons upon receiving information as well as upon sufficient suspicion, shall take necessary measures, cause to be taken;
- 8) Investigate any alleged crime committed by any person regarding the obstruction of the power and duty of the Commission with respect to investigation, prosecution or adjudication of Corruption offences and other offences provided by the law upon receiving information as well as upon sufficient suspicion;
- 9) Gather information regarding corruption offences preceded under the Criminal law and other laws or criminal acts prohibited under this proclamation upon receiving information or with sufficient suspicion through secret system or designing conducive condition or through different mechanism, give necessary decision, cause to be given, investigate, cause to be investigated, cause to be reinstated embezzled government or public property by using various alternative or mechanisms, cause to be confiscated, follow up, prosecute, attend court proceeding, cause to render judgment;
- 10) Terminate investigation, as well as withdraw pending corruption offences charges in accordance with the law;

- 11) Faayidaa ummataatiif barbaachisaa ta'ee yoo argame bu'uura seeraatiin qorannaa calqabame addan ni kuta; himata ni kaasa; galmee qorannaa ni cufa; himata addaan cite itti fufsiisa; galmee cufamee ture ni sochoosa; raawwiin isaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 12) Faayidaa yookiin bu'aa yakka malaammaltummaatiin argame akka deebi'u ni taasisa; ni deebisisa; himanni yakka malaammaltummaatiin dhiyaate yookiin yakkoota malaammaltummaa adeemsa qorannaarra jiran falmii himannaatiin ala akka xumuramu ni taasisa; raawwiin isaa dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
- 13) Qorannaa yakka malaammaltummaatiin walqabatee bu'uura seera sirna deemsa falmii yakkaa yookiin seerota biroo rogummaa qabaniin mooraa nama kamiyyuu yookiin mana jireenyaa, yookiin iddoo hojii, yookiin konkolaataa yookiin qabeenya biroo kamiyyuu akka barbaachisummaa isaatti ni sakatta'a; ni hordofa; too'annaa jala ni oolcha;
- 14) Yeroo sa'aatii 48:00 hin caalleef ajaja mana murtii osoo hin barbaachisne bu'uura seera sirna deemsa falmii yakkaa fi labsii sirna seera addaa fi ragaa farra malaammaltummaatiin namoota yakka malaammaltummaatiin shakkaman to'annaa jala oolchuun buufata poolisii akka turu ni taasisa; mallattoo qubaa fi suuraa shakkamtootaa ni fudhata;
- 15) Qorannaaf barbaachisaa ta'ee yoo argame bu'uura Seera sirna deemsa falmii yakkaa yookiin seerota biroo rogummaa qabaniin nama kamiyyuu dhiyeessisee ni gaafata; jecha irraa ni fuudha; nama yookiin mana hojii kamiyyuu irraa ragaan akka dhiyaatuuf ni ajaja, ragaa dhiyaate ni fudhata;

፲፩) ለህዝብ ጥቅም አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ የተጀመረውን ምርመራ በህጉ መሠረት ያቋርጣል፤ ክስ ያነሣል፤ የምርመራ መዝገብ ይዘጋል፤ የተቋረጠውን ክስ ያንቀሳቅሳል፤ ተቋርጦ የነበረውን መዝገብ ያንቀሳቅሳል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ ደንብ ይወሰናል፤

፲፪) በሙስና ወንጀል የተገኘ ጥቅም ወይም ውጤት እንዲመለስ ያደርጋል፤ ያስመልሳል፤ በሙስና ወንጀል የቀረበ ክስ ወይም በምርመራ ሂደት ላይ ያሉ የሙስና ወንጀሎች ክስ ክርክር ውጪ እንዲያልቁ ያደርጋል፤ አፈፃፀሙ በሚወጣ ደንብ ይወሰናል፤

፲፫) ከሙስና ወንጀል ምርመራ ጋር ተያይዞ በወንጀለኛ መቅጫ ሥነሥርዓት ህግ ወይም አግባብነት ባላቸው ሌሎች ህጎች መሠረት የማንኛውም ሰው ቅጥር ግቢ ወይም መኖሪያ ቤት ወይም የሥራ ቦታ ወይም መኪና ወይም ማንኛውንም ሌላ ሀብት እንዳስፈላጊነቱ ይበረብራል፤ ይታተሳል፤ በቁጥጥር ሥር ያውላል፤

፲፬) በወንጀለኛ መቅጫ ሥነሥርዓት ህግ እና በፀረ ሙስና ልዩ የሥነሥርዓትና የማስረጃ ህግ መሠረት በሙስና የተጠረጠሩትን ሰዎች የፍርድ ቤት ትዕዛዝ ሳያስፈልግ ከ ፵፰ ሰዓት ላልበለጠ ጊዜ በቁጥጥር ሥር በማዋል በፖሊስ ጣቢያ እንዲቆዩ ያደርጋል፤ የተጠረጣሪዎችን የጣት አሻራ እና ፎቶግራፍ ይወስዳል፤

፲፭) ለምርመራ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ በወንጀለኛ መቅጫ ሥነሥርዓት ህግ እና አግባብነት ባላቸው ሌሎች ህጎች መሠረት ማንኛውንም ሰው አስቀርቦ ይጠይቃል፤ ቃል ይቀበላል፤ ከማንኛውም ሰው ወይም መሥሪያ ቤት ማስረጃ እንዲቀርብለት ያዛል፤ የቀረበለትን ማስረጃ ይወስዳል፤

11) Terminate investigation, withdraw corruption charges, close investigation file, reinstitute terminated charges, reinstitute closed files in accordance with the law where it is necessary for the public interest. The details shall be determined by the regulation to be issued.

12) Cause the reinstitution of benefit or advantage acquired through corruption offences, cause to be reinstituted, cause the corruption offences under proceeding or under investigation to be resolved out of court proceeding; The details shall be determined by the regulation to be issued.

13) Search, follow up, detain any person's residence or work places or car or any other property in connection with investigation of corruption offences as it may be necessary in accordance with the Criminal Procedure Code or other relevant law;

14) Cause the detention of persons suspected of corruption offences at Police station not exceeding 48:00 hours without court warrant in accordance with Criminal Procedure Code and Anticorruption Special Procedure and Rules of Evidence, take finger print and photograph of the suspects;

15) Interrogate any person in accordance with the Criminal Procedure Code or other relevant laws take statement, order any person or institution receive produced evidence;

